Dhugaa Dhaa?

ILAALCHA DHUGAA TALAALLII COVID-19

1 Talaalliiwwan COVID-19 jiinota ykn DNA keessan hin jijjiiran.



Talaalliiwwan Moderna fi Pfizer lachuu RNA ergamaa (ykn mRNA), qabiyyee qaamni keenya uumamaan uumu fayyadamu. mRNAn farra-qaamawwanii fi seelota biraa dhibee-falman tolchuun qaamota keenya akka nu tiksan barsiisu.

mRNAn talaallii COVID-19 irraa giduu seelii keenyaa gonkumaa hin seenu – bakka DNAn keenya kaa'amu. Kana jechaan mRNAn DNA keenya irratti dhiibbaa fiduu hin danda'u. mRNAn tokkicha seelota barsiisuu xumurraan, inzaaymoonni mRNA caccabsuudhaan akka inni Kanaan booda qamoota keessa hin jiraanne ni taasisu.

2 Talaalliiwwan COVID-19 dhibee koronaavaayirasii isin hin qabsiisan.

Talaalliiwwan COVID-19 kamuu keessa koronaavaayirasiin hin jiru. Talaallii fudhachuu dhan koronaavaayirasii argachuu hin dandeessan.

Talaalliiwwan seelota qaama keenyaa pirotiinii gubbaa vaayirasii COVID-19 iiratti argamu fakkaatu akka tolchuu barsiisu. Ergoota dabarsuuf, talaalliiwwan RNA ergamaa (mRNA) ykn vaayirasii qufaa jijjiirame ijaa fayyadamanuuf dhukkubbiif ka'umsa tas'uu hin danda'u. Qaamni keenya pirootinii sana adda baasuu ijaa baruuf yoo vaayirasiin COVID-19 qaama keenya seene deebii ofi tiksu kenna

Public Health
Seattle & King County

3 Talaalliiwwan COVID-19 mallattoowwan kan akka qufaa laafaa fiduu ni malu, garuu deebiwwan cimoo ta'an darbee darbee qofa kan mul'atuudha.



Dhiibbawwan cinaa kan akka bowwoo, dhukkubbii harkaa, dadhabbii ykn oo'aa qaamaa erga talallii fudhatanii guyyaa tokko ykn lama booda isin mudachuu mala. Garuu dhiibbawwan kun yeroo dheeraa kan hin turreefi mallattoowwan akka talaalliin hojjata jiru agarsiisanidha.

Deebiwwan aalarjii hamaan (anaphylaxis) baay'ee xiqqaadha, garuu ta'uu/uumamuu ni danda'a, keessattuu namoota haalota aalarjii amaa durumaanuu qaban irratti. Martuu yaalamuu ni danda'u.

Akkuma carraa yoo waa dhalateef ofi'eeggannoon qophaayeti jira. Erga talaallii fudhatanii booda, akka aalarjii amaa talaalliichaaf hin qabne ilaaluf kilinika keessa daqiqaa 15f akka turtan gaafatamtu.

4 Talaalliiwwan COVID-19 chiipsii hordoffii (tracking chips), qaama ulfaa, waantota booyyee irraa oomishaman, sibiilota miidhaa fidan, ykn waantota summa'an ofi keessaa hin qaban.

Waantii furtuun talaalliiwwan Pfizer fi Moderna lachuu keessa jiru wanta sanyii (genetic) mRNA jedhamuu dha. Talaalliiwwan zayita, soogidda,acetic acid (qabiyyee Vinegar keessaa isa guddaa) fi sukaaras ni qabu. Talaallii Johnson & Johnson (J&J) keessatti, qabiyyee furtuun vaayirasii qufaa barameeti garuu akka nama hin dhukkubsineef kan jijjiiramee dha. mRNAn seelota keessan akkatti COVID-19 beeku itti himeeti dhukkubii irraa isin tiksa. Talaalliin J&J waantota tasgabbii kennanis ni qaba (soogiddoota, alkoolota, polysorbate 80, hydrochloric acid) fi amino acids.

Talaalliiwwan kun qabiyyeewwan chiipsii dinnichaa giddu-galeessa tii gadi qabu!

Public Health
Seattle & King County

5 Talaalliin COVID-19 hawaasa adii hin taane keessatti hoospitaala seenu fi du'a ni hirdhisa.



Otoo talaalliiwwan COVID-19 hin hojjatamin, dammaqsitootni fi warri namootaf dubbatan miidhaa dhaabbatoota fayyaa fi mootumman seenadhaanis ammas gurraacha, dhalataa biyyaa jalqabaa, fi adii hin taane irra ga'erratti yaaddoo qaban kaasaniiti turan. Carraaqqii isaanitiif haa toluu namootni kuma kudhaniin lakkaawwan qorannoo talaallii COVID-19 irratti hirmaatan uummata keenya adda addaa kan calaqisu dha. Talaalliiwwan kun sanyii fi gosa maraaf bu'a fi naga qabeeyyidha.

Dabalataan uummatni adii hin taane omishuu talaalliiwwanii keessatti ga'eewwan ooggantummaa xabatanii jiru. Fakkeenyaf, Dr. Kizzmekia Corbett, saayintistiin guraattii qo'annoo talaallii koronaavaayirasii tif dursituu Inistiitutii Fayyaa Biyoolessaa ti..

Gurraacha, Dhalataa Ameerikaa jalqabaa, Latino, fi hawaasonni Pacific Islander King Kaawuntii keessatti hoospitaala seenu fi du'aatii COVID-19 sababeeffateef lakkoofsa oli'andhaan isan mudate. Hawaasonni kun warreen tika talaalliin kennu haalan fayyadamni keessa jiru.



Qabeeyyii Dabalataa

- Talaallii COVID-19 irratti odeeffannoo dabalataatiif ga'aa ta'uu keessan murteessuuf: kingcounty.gov/vaccine
- Waa'ee kunuunsa COVID-19, qorannaa, addaan of baasuu/qooduu, fi dhaabbileef qabiiyyee jiran baruudhaaf: kingcounty.gov/covid
- Gaafiiwwan yaalaa COVID-19 ykn, qorannaa ykn bellama talaallii COVID-19 irratti gargaarsa argachuudhaaf guyyaa kam iyyuu sa'a 8:00 AM hanga 7:00 PM ti lalkk. (206) 477-3977 tiin bilbiluu ni dandeessu. Namoonni afaan hiikan jiru.

Public Health
Seattle & King County